Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Daani'eelii fi Abjuu Dhokataa



Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Jonathan Hay

Kan dagaagsame: Mary-Anne S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Mootii Nebukadenazaar abjuu qaba, abjichi hiikamuuf baayyee isa rakkisee ture. Humna Waaqayyootiin Daani'eel hiika abjuu mootii itti himuu danda'e.



Jalqabatti waan Daani'eel hojjete abjuu abjootame sirriitti mootiitti himuu ture. "Faakkeenya bifa nama guddaa tokko arguu, mootii itti hime. Sodaachisaa ture."

“Gara mataa warqee ba’eess isaa irraa,” Daani’eel itti fufe.



"Qomi isaa fi harki isaa lamaan meetii irraa."



“Garaa isaa fi mudhii isaa sibiila diimaa irraa.”



“Gudeeda isaa sibiila irraa,
jilba isaatii gad gar
tokko sibiila irraa
gar kaan immoo
suphee irraa kan
hojjetame ture.”



Haala dhaaba fakkaattii waan abjucha keessatti mootiin arge erga itti ibsee booda waliigala abjichaa itti hime.

“Utuma ati ilaaltu, dhagaan utuu harki namaaa itti hin bu’in fottoqee dhufee,” jechuun Daani’eel itti hime.



“Jilba fakkeenyichaa
gad isa sibiilaa
fi suphee sanaa
rukute caccabse.”



“Achumaan kan caccabe hurra’ee
akka habaqii bonaa isa lafa ooobdii
midhaanii tae hurraan isaa tokko
illee akka hin hafinetti qilleensi
fudhatee sokke; dhagichi
innifakkeenyichaa rukutegaruu
tulluu guddaa ta’ee
biyya lafaa guute.”



Mootichi in dinqisiifate. Kan Daani'eel itti hime hundumti isaa waan mootichi abjooteedha! Daani'eel akkamitti arguu danda'e? Waaqayyo qofatu Daani'eelitti mul'ise. Achiin booda Daani'eel hiika abjuu Nebukadenazaar itti himuu jalqabe.



"Waaqayyo inni waaqa irraa mootummaa, humna, jabina, ulfina siif kenne," Daani'el Mootiitti hime.

"Ati mootata warra kana irratti mootiidha."

Mootummaan Nebukadenaazaar gara dhumaatti dhufee akka jiru Daani'eel itti hime.



Mootummaa-1

Mootummaa -2

Mootummaa -3

Mootummaa-4

Si booddeedhaan mootummaan kan keeti gadii in ka'a; mootummaa sadaffaan sibiilla diimaatti fakkeeffame tokkos lafa hundumaa in seerata. Inni akka sibiila jabaatu as in ba'a; akkuma sibiilaa waan hundumaa kan caccabsa.



Mootummaa-1

Mootummaa -2

Mootummaa -3

Mootummaa-4

Waanti xumuraa Daani'eel mootitti hime isa kana.

"Waaqin waaqa irraa mootummaa baduu hin daneenye akka dhaabu sitti mul'ise."



Mootiin ogummaa fi dhoksaa abjuu ittii hiikamu Daani'eeliif qofa Waaqayyo kennuu isaa hubate.


Mootummaan 1, 2, fi 3 in dhufaa in darba.
Mootummaan Waaqayyoo mootummaa 4ffaa boodaan dhufa. Masii guutummaa biyya lafaa irratti mo'a.

Daani'eelii fi Abjuu Dhokataa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu kan keessatti argamu

Daani'eel 2

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16